Addunyaa Waaqayyo Uume:Bakka jireenya keenyaa

Kadhata Addunyaalessaa sanbataa fi dilbataa caamsa 27-28 gaggeeffamu

Hiikota Kitaaba Qulqulluu baay'ee keessatti himi jalqabaa "Waaqayyo jalqabatti....'' kan jedhu akka ta'e ni argina.

Sirna diriirsee addunyaa kana kan uumee Waaqayyo dha.Addaamiin uumama lafa kana irra jiran akka kunuunsuu Hewaaniin immoo gargaartuu isaa akka taatuuf gaa'ilaan walitti isaan fide.

Yaad-rimeen kadhata addunyaalesssaa sambataa fi dilbata bara kanaa nuti addunyaa Waaqayyo uume keessa akka jiraannu f bakka jireenyaa bareedaa inni nuuf kenne kunuunsuu akka qabnu hubannaa keessa kan galche dha.

Qophee keenya bara kanaa irratti kadhannaan keenya kan inni irratti xiyyeeffatu uumaa Waaqayyoof jajannaa dhiyeessuu uumama kunuunsuuf hojiiwwan hojjataman akkasumas sababa miidhama uumama irra ga'eef ijoollota miidhaman gargaaruuf hojiiwwan waloodhaan hojjataman irratti dha.

"Uumamamni hundinuu,mul'achuu ijoollee Waaqayyoo dhimmanii eeggachaa jiru.'' Rom 8:19

Ergaa Hoji gaggeessaa Viva Obbo Phil Green irraa darbe

Ergan bara 2022 ji'a Amajjii keessa hojii gaggeessaa ta'e ViVa tti dabalamee kaasee ergaa qophii bara kanaa dabarsuu danda'uu kootti baay'een gammada.

Ergaan koo kun ijoolleen kadhataa fi galataan nu gaggeessuu akka danda'an kan jajjabessu dha.

"Yaa Waaqayyo goooftaa koo gurra kee gara kadhata ana garbicha keetti qabi,himata koos dhaggeeffadhu,kadhata ani garbichi kee har'a fuula kee duratti kadhachaa jiruus yaadan anaaf qabi. "1mot 8:28

Waggaa darbee biyyoota 25 keessa kan jiraatan ijoolloonni 800,000 ol ta'an kadhata addunyaaleessaa sambataa fi dilbata irratti hirmaataniiru.Qophii bara kanaa irratti ijoollooti lakkoofsaan kan bara darbee caalan Waaqayyoon waa'ee uumamaa akka isaan galateeffatan akkasumas miidhaa uumama irra ga'u hambisuuf tokkuummaadhaan akka hojjannu yeroo isaan kadhatan arguuf fedhii guddaan qaba.

"inni immooo,"namaaf kan hin danda'amne,Waaqayyoof in danda'ama" jedhee deebiseef" Luqas 18:27

Ifni dukkanattii gargar ba'e

Guyyaa 1ffaa

***Luqqisa dubbifamu**:Uma 1:1-5*
***Galata:**Waaqayyo waan hin jirree keessa sirna uumamaa uume.Ibsa dukkana keessatti bobeeffannuuf .*

***Kunuunsi nuti uumamaaf goonu:** Madda humna ibsaa haara'aa kunuunsuu*
***Kunuunsa Ijoolleef guutumaatti godhamu:** dukkanni amala badaa bakka mo'ee jiruutti ifa Yesuus ibsuu*
'' Yaa Waaqayyo mootii koo,guddina kee nan beeksisa,

yeroo hundumaa baruma baraan maqaa kee nan eebbisa.

Guyyuma guyyaan ulfinaan sin jajadha,yeroo hundumaas

baruma baraan maqaa kee nan jajadha.'' Faarsaa 145 :1-2

Gochaa: hidhata kana xuquu dhaan https://outu.be/EegzzyLInZZQ A/e Mukaayilaa Mooyler waliin moodeela addunyaa hojjachuu shaakali

Guyyaa 2ffaa

Bishaanii fi samiin gargar ba'e

Luqqisi dubbifamuu: Uum 1:6-8

Galata: Duumessa rooba kennaniinf haa galateeffan
Kunuunsa Uumamaaf godhamu: Itti fayyadama bishaanii , hidhaalee ,jal'isii,mootara fi tuubboowwan bishaanii sirrii ta'e

Ijoolleef Kunuunsa Waliigala : bishaan qulqulluu fi hin faalamne
Ijoollee hundinuu dhuguu danda'an

"Waaqayyoo guddaa dha,guddisee kan jajamuu dha;
guddinni isaa qoramee bira hin ga'amu.Dhaloonni tokko

hojii kee dhaloota isa kaanitti in jaja ,

hojii aangoo kees in labsa." Faarsaa 145 :3-4

Gochaawwan: Uumaawwan dinqisiisoo Waaqayyoo uume maqaa isaanii tarreessaa,bishaan bokkaa waraabaatii hanga isaa safaraa.

Dachee mukootii,kuduraa fi muduraan guutamte

Guyyaa 3ffaa

Luqqisi dubbifamu: Uum1:9-13

Galata: Dachaa fi gaarreen bakka jireenyaa nuuf ta'aniif.Kuduraa fi muduraa nyaata nuuf ta'aniif.

Kunuunsa Uumamaaaf godhamu: Haala biyyee hin miineen qonnaa gaggeessuu.Mancaatii bosonaa ittisuu.

Kunuunsa waliigalaa Ijoolleef : Kuduraa fi Muduraa Ijoolleef

*"**Isaan waa'ee aangoo hojii kee isa guddaa sodaachisaa in dubbatu:anis guddina kee nan hima.Isaan seenaa baay'ina arjummaa kee gad in jijjigsu,qajeelummaa kees sagalee gammachuutiin in dhageessisu.Waaqayyo araara qabeessaa fi oo'a-qabeessa;aaritti suuta in jedha,gaarummaan isaas guddaa dha.''Far 145: 6-8***

Gochaawwan: mukootii fi biqiloota nyaataa dhaabaa bakka mukootiin baay'ee jiranitti sochii miillaa godhaa.

Guyyaa, Halkan, Aduu ji'a fi Urjiiwwan

Guyyaa 4ffaa

Luqqisi dubbifamu: Uum 1:14-19

Galata: Waa'ee ifa aduu fi waqtiwwan adda addaa akkasumas harkisa dachee addunya kana bakkatti eeguuf

Kunuunsa uumamaaf godhamu: Dhiibbaa namoonni haala qilleensaa irratti fidan hir'isuu. Balaa faalama qilleensaatiin dhufu hir'isuu.

Kunuunsa waliigalaa ijoolleef godhamu: Ijooollee fi maatii balaa uumamaa Kanneen akka ibidda,hoongee,lolaa fi k.k.f miidhaman gargaaruu.



Waaqayyo nama hundumaaf gaarii dha;hojii harka isaa hundumaafis in o
Hojiin Harka kee hundinuu galata siif in galchu,yaa Waaqayyo,warri siif of kennan hundinuus ulfinaan si jaju.Isaan waa'ee ulfina mootumma
waa'ee hojii aangoo kees in himu.Hojiin kee isaa aango qabeessa, ulfina mootummaa kee isa simbo-qabeessas,ilmaan namootaatti beeksisuu dhaaf kana in godhu.Far 145:9-12

Gochaawwan: Kennaawwan uumamaa kanneen akka Ji’aa fi urjiiwwan daawwachuuf adeemsa miilla godhi.

Qurxummii fi Allaattiwwan _ Ija haa godhatan

Guyyaa 5ffaaa

Luqqisa dubbifamu: Uum 1:20-23

Galata: Waa'ee bareedina qurxummii fi allaattiwwanii. Addunyaa madaalawaa isaan keessa jiraatan.Kennaa nyaataa gaarii ta'anii nuuf kennamuu isaanii

Kunuunsa uumamaaf godhamu:sirna Qurxummii humnaa ol Kiyyeessuu dhorku diriirsuu.haala oomishaa itti fufunsa qabu Hojii irra oolchuu.

Kunuunsa waliigala Ijoolleef: Maatiin hundumtuu nyaata pirootinii ga'aa ta'e argachuu.Oomisha nyaata waliin wal qabatee dhukkuba dhufuu irraa akka eegaman.

"Mootummaa kee mootummaa baraaf bara hundumaati,mo'uun kee dhalootaa hamma dhaloota hundumaatti Waaqayyo dubbi isaa hundumaatti amanamaa dha,hojii isaa hundumaattis gaarummaa in agarsiisa.Waaqayyo warra kufuuf jedhan hundumaa qabee in oolcha,warra gad deebi'an hundumaas ol in kaasa.Iji hundinuu abdiidhaan si eeggata,atis soora isaanii yeroo ta'utti isaaniif in laatta."Faarsa 145:13-15

Gochaawwan: Simbirroowwan daawwachuuf miillaan sochii godhi.Naannoo pilaastikaan faalame qulleessi.Nyaata madaalawaa waliin qopheessaa.

Uumama lafa irra jiraatan hudumaa,belladoota manaa fi ilmaan namaa

Guyyaa 6ffaa

Luqqisi dubbifamuu :Uum 1:24-31

Galata : Hariiroo uumama lafa irra jiraatan gidduu jiruu.Waa'ee dhiiraa fi durbaa akkasumas ijoollee matii keessa jiraniif.

Kunuunsa uumamaaf godhamu:baay'inni namaa fi bineensotaa dabalaa waan jiruuf fedhii isaan gidduu jiru wal dandeessisuuf ogummaa barbaachisu argachuu

Kunuunsa Waliigalaa Ijoollee dhaaf: Gaa'illi jaalalaan,walii yaaduu fi tokkuummaa dhaan akka eegamu.Ijoolleen gaa'ila keessatti dhalatan kunuunsa akka argatan



Ati harka kee in diriirsita,fedha warra lubbuu qaban hundumaas in

Waaqayyo karaa hojjatu hundumaatti qajeelaa dha,hojii isaa hundumaattis gaarumma in agarsiisa.Waaqayyo warra isa waammatan hundumaatti dhi'oo dha.Inni fedha warra isa sodaatanii fiixaan in baasa;iyyata isaanis immoo in dhaga;a,isaan in oolchas.Faarsaa 145:16-19

Gochaawwan: Qubee hundumaatiin bineensota jiran darabee darabee waamuu dhaan tapha taphadha.

Guyyaa Boqonnaa

Guyyaaa 7ffaa

Luqqisa dubbifamu:Uuma 2:1-3

Galata: Waa'ee karoora waaqayyoo torbanitti guyyaa tokko boqonnaa fi waaqeffannaaf kenname

Kunuunsa uumamaaf godhamu: Kunuunsa nama hundu gochuu**.**Muuxannoowwan gaarii cimsuu hojii fi boqonnaa bashannanuu.

Kunuunsa ijoollee waliigalaa: Ijoolloonni maatii isaanii wajjin bakka magarisatti akka dabarsan gochuu.

Waaqayyo warra isa jaallatan hundumaa in eega,warra jal'oota hundumaa garuu in balleessa.Afaan koo jajannaa Waaqayyo haa dubbatu!Foon kan uffate hundinuus yeroo hundumaa,baruma baraan maqaa isaa isa qulqulluu haa eebbisu. Faarsa 145: 20-21

Mee Waliin haa Kadhannu

1. Waaqayyo uumama uumera.

   Yaa Waaqayyoo ifa guyyaa fi galgalatti nuuf gooteef si galateeffanna.

Ifa mana koo jiruuf sin galateeffadha.Rooba dachee jiisuuf sin galateeffadha.

2. Bakki jireenya keenya faalamteetti

Ati gaarii fi guutuu gootee lafa uumte nuti garuu maal na dhibdee fi Ofittuummaa dhaan dachee kana faallee waan ta'eef gooftaa ati nutti araarami.Yaa Waaqayyoo uumaa keenyaa galaana akka kunuunsinuuf nu abboomte nuti garuu hin xuressine dagannoo keenyaaf nu dhiisi.

3. Iyesuus Deebisee Ijaara

Yaa Waaqayyo gooftaa sammuu rakkoo furuu danda'uu fi waan dinqisiisaa gochuu danda'u nuuf kenniteetta.Yaa Waaqa koo akkuma ati waan gaarii Hojjattu anis bakka magarisa bareedaa qopheessuu akkan danda'u na gargaari.Wantoota barbaachisoo ta'aniif bakka jireenyaa akkan qopheessu waan hin barbaachifne immoo akkan dhabamsiisu na gargaari.

4. **Addunyaa Waaqayyo uume manni keenya bakka isaatti deebi'eera**



Yaa Waaqayyo uuma seera kee fi sirraa utuun baqadhee jiruu na argachuuf gara koo waan dhufteef sin galateeffadha.Gooftaa Yesuus uumama hundumaa Irratti humna waan qabduuf sin galateeffadha.Kana hundumaa irratti immoo eegduu gootee waan gooteef eegduu gaarii akkan ta'u na gargaari